مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# THE QUR'ANIC WORLD VIEW A SRINGBORD FOR CULTURAL REFORM

Abdulhamid Ahmad Abu Sulayman

# ILAALCHA QUR'AANNI ADDUNYAAF QABUU FI BU'UURA HAAROMSA AADAA

**Qopheessaan:**
Abdulhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan

**Hiikaan:**
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# The qur’anic worldview
# A Springboard For Cultural Reform
# Dr.Abdulhamid abusulayman

## Ilaalcha Qur’aani Addunyaaf Qabuu Fi Bu’uura Haaromsa Aadaa

# Qopheessaan:
# Dr. Abdulhamiid Abuu Suleeymaan

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/53**

# Kitaabota IXIIA Walitti Fufiinsaan Dhihaatan Gabaabinaan

**Kitaabonni IXIIA Walitti Fufiinsaan fi Gabaabinaan Dhihaatan** kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtuu ta'an irraa Walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muummee irraa hubannaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoon maxxanfaman irraa of eeggannoon kan gulaalamaniifi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu.

Kitaabni Abdul hamiid Abuu Suleeymaan kan '**Ilaalcha Qur'aanaa Addunyaawaa**, **Bu'uura Haaromsa Aadaa'** jedhu haala guutuu ta'een kan maxxanfame bara 2011 hiika afaan Ingiliizii barreessaan afaan Arabaatiin "*al-Ru'yah al-Kawniyyah al-Hadariyyah*" jedhee baase irraati.

Hojiin sababa gahaafi ibsaa ta'e kun haala addunyaa Muslimaa tortoraa jiru kana hubachuufi, humnoota ilaalchi Qur'aanni addunyaaf qabu akka Muslimuma keessatti baqee hafu taassisan ifa baasuufi dadhabina kana jijjiiruuf fayyada.Qorsa ykn tooftaa irratti namuu walii gala. Abuu Suleeymaan sirritti wanti itti akeeke, ilaalcha Qur'aanni addunyaaf qabu

deebisanii xiinxaluun bu'uura cehumsaafi jijjiirama ittifufiinsa qabuutti. Ilaalchaafi kallattii kana ammayyoomsutu, akkasumas qajeelfamoota Qur'aanaafi Sunnaa hordofuutu dhaloota hawasa Muslimaa durii akka dagaagee milkaa'u godhee ture; kan bu'aa isaa hanga ammaa qaccee argaa jirru. Muslimoonni har'aa rakkoo isaanii kana hiikuun, akka barreessaan jedhutti, furtuu barbaachisaa yeroo ammaa yoo ta'u, haal-duree fuul-duraa kan guddina hawaasichaati.

**Maxxansa Kitaaba Jalqabaarraa Gabaabbate**
*ILAALCHA QUR'AANNI ADDUNYAAF QABU: BU'UURA HAAROMSA AADAA,*
**Dr. Abdul hamiid Abuu Suleeymaan**
ISBN hbk: 978–1–56564–366–6
ISBN pbk: 978–1–56564–365–9
2011

## SEENSA

Kitaabni kun kan kaayyeffate sababoota haalli addunyaa Muslimaa ittiin fokkataa dhufeenii fi gaafiiwwan ijoo ta'an kanneen har'a Muslima mudataa jiran deebisuu fi: akkamitti dadhabina kana faallessuun cimina guddaa dur qaroomni Islaamaa itti gahe san deeffachuu dandeenya kan jedhu.Barreessaan deebii ilaalcha Qur'aanaa addunyaawaa irratti mala ittiin of baraaruu danda'an addeesseera. Ilaalchi kun hawaasni Muslimaa muxannoo hin qabne akka Muxannoo ofii dagaagsuufi qajeelfamoota bu'uuraa jiranis fayyadamu kakaasa.Har'a, deebi'ee dhalachuun eenyummaa Islaamaa kallattii ilaalcha Qur'aanni addunyaaf qabuutiin yoo ilaallamuu qabu, kun haal-duree fuul-dura guddinaa fi fayya-qabeessummaa addunyaa Muslimaati.

Ilaalchi addunyaa kun kallattii hedduu namatti mul'isa; humna qabatamaa fi dandeettii waa uumuu qarooma nama fayyaa qabuuti. Ilaalcha hawaasa Muslimaa gadi fageenyaa fi bal'inaan xiinxaluun, sadarkaalee inni yeroo-yerotti irra tures dabalatee, kitaabichi sababoota gurguddoo hawaasni Muslimaa bara durii ittiin dagaage keessaa tokko adda baasee kaaya.Yeroma walfakkaatutti, kitaabichi dhimmoota dadhabiinsaa fi kufaatiin hawaasa Muslimaa jaarraadhan walhordofan keessatti mudateefis addeessuun deebiiwwan lafa kaayaaf.

Namoonni Islaamaa hedduun warra Dhihaa kan jaalatanii fi aadaafi duudhaa Dhihaa hordofanis, akkeeffachuun isaanii

irra-keessa ta’e; yeroo kufaatiin hawaasa Muslimaa ariifachaa deemuun duubatti-hafiinsaa fi irraanfatamaa isa saaxilaa jiru kanatti. Hamma Muslimoonni ilaalcha addunyaa kan hiika, ergaa, kaayoo fi kaka’umsa hojii ijaarsa hawaasaafi haaromsaa dagaagsanitti, homtuu hin jijjiiramu.

Wanti nama abdachiisu, xiinxaltoonnii fi gaggeessitoonni sammuu haaromtee amanamummaadhaan qabiyyee ilaalcha Qur’aanaa kan addunyaa wajjiin hariiroo uumuudha; gadi fageenyaan isa qo’achuudhaan, bu’aafi akeeka isaa hubachuun, xiinxala ijjoollummaa (ganamaa), barnootaa fi leenjii gahumsaatiin, onneewwanii fi qor-qalbiiwwan ilmaa fi intala hawaasa Muslimaatiin.

## SEENSA MAXXANSA AFAAN OROMOOTIIF

Kitaabni kun kan kaayyeffate ilaalcha Qur'aanaa addunyaawaa irratti mala ittiin Muslimnis ta'ee warri biroo ergaa fi qajeelfama Qur'aana qixa sirrii ta'een hubatuu danda'an addeessuufi. Hubannaa sirrii dhabuun kufaatii hawaasa Muslimaa ariifachiisaa, duubatti-hafiinsaa fi irraanfatamaaf isa saaxilaa waan jiruuf jecha.

Kanas jijjiiruuf Muslimoonni addunyaa hundi ilaalcha Qur'aanaa hiikaan, ergaan, kaayoo fi sababa ergaa Sanaa qixa sirrii fi warroonni as duraa(Nabiyyiifi Sahabaan) ittiin hubatanii fi hojiirra oolchaniin qofa dhimma itti bahuutu furmaata dhugaati. Kitaabni kun yaada kana gabaabinaan ibsuu yaala.

Kitaaba kanaa Afaan Ormootti hiikamuun Muslimoota biyoota adda addaa keessatti argaman keessa jiraatanii fi afaan kana dubbatan kan miiliyoonaan lakkaawaman ni fayyada jedhamee yaadameeti; keesssattuu waa'ee hubannaa ilaalchaa fi ergaa Qur'aanaa irratti bu'uura ganamaa kan Nabiyyii fi Sahaabotaa irraa maquu akka hin qabne; bira dabarsuunis hanqisuunis rakkoo mataa isaa akka qabu hubachiisuuf kitaaba hedduu murteessaadha.

*Dar-Al Fikr Dhaabbata Maxxxansa, Raabsaa fi Qo'annoo Saayinsii Islaamaa, Itiyoophiyaa, Addis Ababaa*

## BoqonnaaTokko

## Ilaalcha Qur’aanniAddunyaaf Qabuu fi Aadaa IlmaNamaa

Sirni aadaa kamuu ilaalcha addunyaa kan ijjannoo sammuu adda taateen hojitti jijjiiramuudha. Kallattiin xiinxala irra qulqulluu, qixa sirrii, bal’aa fi jijjiiramuu danda’uu fi kan hunda caala sirrii ta’e wanti mul’isu sirna aadaa isaatii fi ilaalcha addunyaatiin walqabata; kun hundarra milkaa’aa fi jijjiiramaadha.

Ilaalchi Qur’aanni addunyaaf qabu hundee ykn bu’uura haaromsaa of keessatti qabata.Haala ifa, walsimataa, saayinsaawaa, qabatamaa fi bu’aawwan hawaasa Islaamaa mul’isuun ibsamuu qaba. Ijaarsaa fi qabiyyee ilaalchaa kan Islaamni addunyaaf qabu hubachuu ykn beekuu dhabuun hawaasichaa, kabaja, bu’a-qabeessummaa, oomishtummaa hayyummaa fi jijjiiramummaa dhabuuf isa saaxileera. Qajeelfamoonni bu’uuraa, yaadonnii fi sonoonni jiran humna dhiibbaa hin qaban;barruuleen dhaala Islaamaafi tooftaa hubannoo hedduun barreeffamanis akksuma.

Ilaalchi addunyaa ifaa, dhaabbataa fi amanamaan kan milkaa’u akka humna seera amantiitti xiin-sammuu, amantiifi jireenya qarooma sammuu kan gara qajeelfama hojiitti jijjiiru yoo qabaatedha.  Ilaalchi addunyaa guddaan yoo dhugummaa irraa bahe dhiibbaan inni jireenya nama dhuunfaa ykn haala hawaasichaa irratti qabaatu ni xiqqaata.Har’a hawaasni Muslimaa ifnana kaka’umsaa ykn dammaqinaa dhabee ilaalcha

addunyaa bal'aas gamaaggamuu dadhabe. Bu'aan argame ukkaamfamuu, gadi deemuu fi duubatti-hafiinsa hawaasa Muslimaa irra jarraa muraasa darbaniif qubateedha.

Kajeellaan hayyoonni Muslimaa argannoowwan saayinsii fi meeshaa warra Dhihaatti kajeelan akka isaan sammuu fi ilaalcha Dhihaa fi ilaalcha addunyaa kanaan walqabatan fudhatan isaan godhe. Bakka san, bocni yaad-rimee Muslimaa qo'annoo cimaa fi xiinxala aadaa Muslimaatiin haaromfamuu qaba. Qo'annoon akkasii sababoota kufaatii yaad-rimee,ijaarsa hawaasaa, qubsuma aadaa beekuuf nu fayyada.Hayyoonni Muslimaa karaa warra Dhihaa jaalachuu irraa of bilisoomsuu fi mormii utubaa ta'ee fi qeeqa sirrii dhiheessuun seenaa fi aadaa ofiitti deebi'uu qabu. Ilaalchi Islaaamni addunyaaf qabu bu'uura seeraafi hayyummaa, xiin-sammuu fi dammaqina hawaasa Muslimaatiif barbaachisu of keessatti qabata; waan gatee ture deebisee argachuuf jecha.

Argannoowwan jabana Nabiyyii(SAAS) fi yeroon bakka bu'oota qajeeloo guddina, ilaalcha addunyaa nagayaa fi aadaan dabaalamaa ture. Ilaalchi isaan addunyaaf qaban lubbuu haaraan, jijjiiramaan, hayyummaa fi humna kaka'umsaatiin guutame . Argannoowwan seenaa ummataa ilaalchaa fi haala hawaasa Muslimaa jalatti kufaniiru. Amaloota ilaalcha addunyaa kan dhaloota durii san qajeelchanii fi akka itti ilaalchi sun uumame hubachuu qabna.

Yeroo amma jijiiramni guddaan mul'atus, mul'ata dhaloottan Muslimaa duraa ba'aa dhaalaa kan abbootii keenya achii asii

irraa adda baasuu qabna. Ilaalchi addunyaa  har’aa tiyoorii waanuma itti dhufe ofirraa deebisuufi weerara, injifatama, liqimfamaa fi sabaan adda fooyinsatti nama kakaasa. Gara biraatiin ammoo, ilaalchi Qur’aanaa kan jabana durii keessa milkaa’e sun waan eenyummaa nama dhuunfaafi hawaasaa kallattii hedduun mirkaneesseefii raggaassiseefi. Yoo ummanni dibaabee ykn gaaddisa ilaalcha Qur’aanaa jalatti qixa sirrii ta’een akkumma jabana Islaamaa durii sanitti bule, nabseen Rabbiin isaanii kenne haqaaf, kennaaf, obbolummaafi nageenyaaf  ni awwaatti. Rabbiin ol-aane akkana jedha: “

إِنۡ هُوَ إِلَّا ذِكۡرٞ لِّلۡعَٰلَمِينَ ﴿٢٧﴾ لِمَن شَآءَ مِنكُمۡ أَن يَسۡتَقِيمَ ﴿٢٨﴾ التكوير:27-28

*(Fakkiin) kun ilma namaa hundaaf yaadachiisa malee waan birootii miti, tokkoo tokkoo keessan irraa isaan karaa qajeelaa deemuu fedhaniif”(boqonnaa al-*Takwir*, 81:27-28).*

Jabana Nabiyyiitii fi warroota Isa bakka bu’an  booda Ilaalcha Islaamaa Addunyaawaa irratti shakkiin suuta suuta guddachaa dhufe. Hawaasni yeroo Sahaabotaa jiraataa turan ergaa Qur’aanaa kan bu’uuraa irratti xiyyeeffatuun kunuunfamuu dhabee badaa dhufe. Weerarri malaammaltoota Peershiyaa fi Baayzantaayinootaas kana hordofee dhufe. Itti aanees gosoonni baadiyaa Arabaa hedduun mootummaa Islaamaa ganuun humna ittisaafi siyaasa  ishees tuffachuu eegalan. Araboonni gammoojjii baadiyaa, warri haaraa gara Islaamummaa dhufan, dhiibaa gosummaafi aadaa hawaasummaa keessaa dhufaniin saaxilamaa turan.

Walitti bu'iinsi naannoo bal'aa, jireenyi gammoojjii hamaanii fi Walitti bu'iinsi gosaa yeroo dheeraa qabeenya muraasa irratti godhamaa ture, sonoonni wal-danda'uu fi ilaalcha gosaa olii qabaachuu fi yaaduu dhaabbanni hawaasummaa Islaamaa kan akka maatii, lammummaa fi ilaalchi mootummaa fi ummataas miidhaa keessa galanii turan. Qur'aanni kallattii yaada hammeenyummaa fi wallaalummaa gosoota baadiyaa bal'inaan ibsa. Dhiibaan faallaa isaan siyaasa Islaamaa irratti godhan kan eegale kufaatii mootummaa bakka bu'ootaa fi ka'umsa mootummaa Abbaasiyootaatiin ture. Ilaalcha duubatti hafaa fi hammeenyummaan isaan hariiroo ilma namaa waliin godhan akka ilaalchi gaariin Qur'aanni addunyaaf qabu haguuggamu taassise. Of duuba deebiin guddaan tokko ammoo fudhatama argachuu yaad-rimee fi loojikii, akkasumas mala Girikii durii kan falaasamaa fi seera tumameeti.

Jijjiiramoonni kunniin gara maxxantummaa ilaalchaa naannoo hawaasaa fi siyaasaatti geessuun dhimmoota ilaalchaa kan Islaamni addunyaaf qabu hedduu jallisan. Amantiin, eegasii, suutuma suuta gara anga'oota siyaasaa fi warroota isaaniif bitaman ykn tole jedhan qofa tajajila kennuutti siiqfame. Waldhabdeen hayyoota amantii fi seeraa fokkachaa fi hammaachaa dhufuun diigama ilaalcha Islaamaa addunyaawaaf sababa ta'e; dadhabina amantii(iimaanaa) hawaasa Muslimaas dabalatee. Jijjiiramoonni kunniin siritti kan mul'atan dhuma bara bulchiinsa mootummaa *Umayaad* irraa eegaleeti; eega sirni bulchiinsa Mootummaa Islaamaa bu'uura Qur'aanarraa adda bahee qarooma haaraa uumee

booda. Bu'uurri isaan gadi dhiisan: mul'ata angoo Rabbitu kennaa, kayo-qabeessummaa uumamaa, seeraa hoogganama qulqullinaa fi amala ilma namaa, bu'uura lammummaa haala dhala namaa,fi qajeelfamoota haqaa, obbolummaa, tokkichummaa Rabbii, marii, bilisummaa, itti gaafatamummaa fi gocha ijaarsaa dha.

Miirri kaayoo fi dammaqinnis, kanneen as dura ummata qajeelchaa turan, guddina, waa uumuu fi gochaa jaarmayaa dabalatee, dabreera. Bakki duwwaan argame kan guutame fakkeessuu fi akkeessuun yoo ta'u, kun garaagarummaa fi waldhibdee dabalataa jajjabeesse. Waldhabdeen, qoodamni, duubatti hafiinsi, akka dhaabbataatti hojii bu'aa qabu hojjachuu dhabuun, mootummoonni abbaa irree bulchiina Islaamaa irra qubatan.

Wal-dhabdeen gidduu ergaa Rabbii fi qabatama addunyaa fi kan ragaa fi sababa qabatama tokkollee hin qabnee, hawaasa Muslimaa keessa faca'ee, haalas balleessee, dhugaas xureesse. Barruuleen Rabbi buuseefi dhugaan uumama dhala namaa, seerota uumama addunyaas dabalatee, gaafii keessa galan. Hojiin qabatamaa(kan mul'atu) silaa Ergaa Rabbii kan uumama haala namaa addeessu mirkaneessuudha, addunyaas dabalatee. Ergaa Rabbiitiif seeronni addunyaa hundee tokkorraa waan burqaniif jecha, hiika qabatamaa fi ergaan Rabbii Walitti hin bu'an, inumaayyuu walsimatu malee.

Qur'aanni waa'ee addunyaa qabatamaa qofa kophatti hin dubbatu. Waa'ee sammuu ykn qor-qalbii fi sababa qabatamaa

ilaalchisee, sammuu fi qabatama Walitti hin hiine, waan amala ilma namaa kan hin jijjiiramne ta'aniif, garuu san irra akkamitti sababaa fi dandeettiin isaa hojiirra oolan kan jedhu(dubbate).

Qur'aanni irra deddeebi'ee waa'ee xiinxalaa ykn gadi fageenyaan yaaduu ykn bikkuu(at-tadabbur), qor-qalbiin yaaduu(*al-aql-al-ta'aqqul*) fayyadamuun, buusanii baasanii itti yaaduu(*al-tafakkur*) fi haqa arguu(*al-ibsar*) dubbata.  Yommuu hayyoonni madaala dogongoraa baasuuf beekumsa gahaa dhaban, hiikuma yaada amantii Islaamaa waliigalaa ibsu fudhachuun akka waan sunummaan jireenya dhala namaatiif fayyaduu gochuun, yalii waan hin beeknes seeraan tottolfachuutti(istihsan) ka'an. Adeemsi kun deemee deemee gara sirna barnoota fedhiiwwan Shariaa (maqasid –al-shari'a) jedhutti ol-guddate; waan dhimmoota jiran haala waliigalaatiin xiinxaluun akka isaan seera Islaamaa haala qabatamaa jiruun walsimatu guutan godhu. Kallattii kanaan, hayyoonni fedhii ummataa kan amantii fi meeshaas kabachiisuu turan.

Hubannaan ergaa Rabbii sirrii Walitti bu'iinsa, humna gar-malee, faalla uumama namaa fi seerotaa addunyaa hin barbaadu. Ergaan kabajamaan akka maalummaa keenya kan dhugaa fi waliigala uumamaa hubannuu fi gara haqa, nageenyummaa fi hawaasa waa uumuu danda'u ijaarrutti nu qajeelcha. Ergaan kun(Qur'aanni) ilma namaa gara fedhii isaanii yeroo yeroon haaromsanitti kakaasa. Fakkeenyaaf, Qur'aanni ilma namaa waa 'dubbisuun' akka dandeettii gaarii horatuu fi hojjachuu dagaagsuun amantii, qarummaa fi miira

kayo-qabeessa qabaatan qajeelcha. Ilaalchi Qur’aanni addunyaaf qabu Walitti bu’iinsa ergaa Rabbiitii fi haqoota uumamaa, ka namaatii fi addunyaas hin affeeru ykn of keessaa hin qabu. Namni haqa barbaadu wanni guddaan inni godhuu qabu ragaalee jiran sammuu Rabbi kenneef fayyadamee madaaluu fi walbira qabuudha.

Osoo erga Nabiyyii fi Sahaabonni darbaniis hawaasni Muslimaa ilaalcha Qur’aanaa sirrii hordofaa turanii, silaa tokkummaan keenya akka ummata Islaamaatti ni eeggama ture, kallatti saayinsii hawaasummaa Islaamaa hordofuun, silaa garee weerartu hin taanu ture. Garuu adeemsa keessatti fedhiiwwan ilma namaa dhugaa fi haqaa bade, hawaasichis adda qoodame. Osoo yaadonni Qur’aanaa fi hubannaawwan yaad-rimee Islaamaa kan hoogganan ta’anii, silaa wanti ragaa ta’u jechoonni Nabiyyiin gosoota Araboota baadiyaatiin jechaa turan gara fedhiiwwan, dandeettii, aadaa fi seenaa isaaniitti ni sirreeffama ture. Akkuma yeroon dabruun, Qur’aanni kan dubbisumaa fi qomatti qabatuun  akka kennaa ykn badhaasa Rabbiitti ilaallamu yoo ta’u, tilmaamni(hiika isaa qixa sirrii ta’een hubachuun) ammoo dhabamaa dhufe.

Seenaan qo’anoo beekumsa Islaamaa yaaduma kallattii gosaatiin yaadamu yoo ta’u, namoonni Araba hin taane hawaasicha keessatti makamuun, bulchiinsa mootummaa Arabaa irratti dhiibbaa guddaa godheera. Garuu Qur’aanni heera, ergaa abad, waamicha, seeraa fi ilaalcha addunyaa yeroofi bakka hundatti hojjatuudha. Wanti nama nuffisiisu dhimma hawaasichaa yeroo fi bakka murtaa’etti irratti

hojjachuu dhabuu dha; Qur'aanni seera dammaqina ilaalcha addunyaa kan yeroon hin murtoofne waan ta'eef jecha.

Dabalataanis, akkuma Sunnaa fi Hadiisni Nabiyyii darbaa deemuun, goolabni xiinxaltooni barnoota Madiinaa yaadotaa fi barmaatilee Nabiyyiitiin Walitti gale. Gara birootiin, Yaad-rimeen Imaam Ahmad Ibni Hanbal, bu'uuressaa barnoota seeraa Sunnii isa dhumaa, yaad-rimee hawaasa Islaamaa fi Madiinaa isa jabana Nabiyyii ni faallessa. Hojiin Hanbalii Hadiisotaa fi kuusaa barruulee kanneen akka qarummaa Nabiyyiifi barumsa Qur'aanaa irraa dhufaniitti ilaallamaa hin turre walitti waan qabaa tureef jecha.

Beektonni Muslimaa hedduun kan xiyyeeffatan dhimmootuma nama dhuunfaa kan Rabbi kadhatuu irratti ture; hojiin Muslimni ykn namni dhuunfaa hojjatanis kadhannaa (*ibaadaat*) ta'u. Haaluma walfakkaatuun, hayyoonni hedduun sadarkama ofii qofa ilaaluu fi seerotuma bittaa gurgurtaa fakkaatu keessa seenan. Kitaabota waa'ee hooggansa dhimmoota mootummaafi fedhii ummataa barreeffaman eeguun yeroo fi humna guddaa baafneerra. Ilaalchi Islaamni addunyaaf qabu, fedhiiwwan ummataa fi namoota dhuunfaa madaalawoo irratti xiyyeeffachuu wajjiin, akkuma jirutti dhabame. Wanti hafe yoo jiraate sodaachisa bu'uura tilmaamaa kan baay'inni Muslimootaa dabalaa jiraa, kanaafuu irraanfatamuu qaban jedhuudha.

Ergaan Nabiyyiin Sahaabota Isaatiif fide jaalalaan, ofitti amanamummaan, kabajaa fudhatamuun gumaacha,

argannoowwanii fi qulqullina hojii isaaniif ammoo beekamtii kennuun kan raawwatamuudha. Ilaalchi Qur'aanni addunyaaf qabu kan amala gaarii, tokkichummaa, kayo-qabeessummaa, ilaalcha sirrataa addunyaafi uumama ilma namaaf fayya-qabeessaa fi madaalawaa Rabbi nu keessa kaayee dha. Itti fufuudhaan, kallattii saayinsaawaa fi seeraan hoogganamutu eegumsa dachee fi waan isii keessa jiru tumsuuf itti gaafatama qaba. Muslimni ilaalcha Qur'aana addunyaawaa kana qabate amala Rabbi isaaf/ishiif kenneen nageenyaan jiraata. Nuti akka Muslimootaatti yaamichi nuuf godhamaa jiru sammuu fi onneewwan ijoollee keenyaa keessatti mul'ata jaalalaa, kabaja dhala namaafi nageenyaa uumuu qabna.

Dhiibbaawwan aadaa fi beekumsaa faallaa ta'an aadaa addunyaa ammayyaa tanaan heddummaataa dhufanis, qo'annoowwan hawaas-xiin-sammuu kanneen ilaalcha Qur'aanaa addunyaawaa fi handhuura jaalalaa kan Muslimoonni Rabbiif qabanii irratti bal'inaan adeemsifamuu qaban. Qo'annoowwan akkasii boca akka barruulee maatii fi kitaabbilee manneen barnootaa fa'a irraa ta'uu danda'an. Yeroo dhaggeeffattoota ga'eeyyii irratti hojjannu, xiyyeeffannaan kennamuu qabu ibsa waa'ee jaalala Rabbiifi kunuunsa Isaa, fi akka Inni dhala namaa itti kabaje bal'inaan addeessuufii feesisa.

Amma mul'ata ilaalchaa fi yaadota Qur'aanaa addunyaawaa kana xiinxalluu fi caasaalee dhaabbilee hawaasa keenyaa adda addaa irratti hojiirra oolchuu eegaluu qabna. Yaadonni akkasii mariiwwan waliin waliinii, haqa, kennaa(sadaqaa), hojii gaarii

hojjachuu fi qulqullina of keessatti qabatu.Yaadonni faallaa kanaa haqa-dhabdummaa, yakka hojjachuu, weeraraa fi wantoota fedhii fi qabeenya ilma namaa miidhaniidha. Hubannaa Qur'aanaa addunyaawaa sirrii akka hundee qajeellumaa fi ijaarsa amantaa (iimaanaa) of keessatti horachuun lubbuu keenyaa fi hawaasichaafis ijaarsa gadi dhaabataa dhaabuu qabna. Qur'aanni kaayoowwaniifi galmoota hundaaf akka meeshaa safartuutti yoo tajaajilu, haal-duree gamaaggama qabiyyee gabaasaa fi barruulee birootiifis akkasuma.

Lolli gidduu hayyoota amantiitii fi aadaa hoo'aa dhufuun sababa qaamonni hedduun eenyummaa Muslimaa dirqisiisuun ykn cinaa qabuun dandeettii waa uumuu, gumaachaawwan, haaromsaa aadaafi qabiyyee ammayyaa isaas barbadeesse. Mirgoonni dubartii fi gaheen isaan hawaasa ykn maatii keessatti qaban fakkeenya gaarii ta'a. Dhaabbanni maatii seenaa Muslimaa keessatti hayyoota Muslimaatiin xiyyeeffannaa guddaatu kennameef; waan isaan seera Islaamaa wajjiin hidhata guddaa qabaniif jecha. Itti aansuudhaan, maatiin Muslimaa kabajaa fi jabeenya hamilee qabu san itti fayyadamaa ture; yaad-rimee Islaamaa irratti hanqinni jiraatus. Maatii kana yoo hin haaromsinii fi sirna raawwii hayyuummaa gahee saalaa ijaarsa maatii keessatti hin diriirsin, hawaasa Muslimaa fi miseensota isaa daran diigaa deemna.

Waltumsi tokkummaa saalaa(waliin jireenyi) argama ilma namaa, qabatama xiin-sammuu fi ijaarsa hawaasummaa dhiiraa fi dubartii mirkaneessa. Isaan lameen waliin boca wal utubaa

qaama waliin jiraatu tokkoo uuma. Tilmaama keenya xiinxalaa fi amala dhiiraa fi dubartiin uumamaan wal-qixa jedhu irratti bu'uuressuura, Muslimoonni tilmaamni sun haala gariin sirrii ta'a jedhanii amanuun, karaa biroon ammoo haalota hedduun adda addummaa akka qabu beekaati hojjatu.

Ilaalchi addunyaa meeshaalessi garuu bu'uura murteessaa kana irra dabra, garaagarummaa xiin-sammuufi hawaasummaa kana jechuudha. Dhiibbaan hawaasni warra Dhihaa ragaa saayinsaawaa hin ta'inii fi hin mirkanaa'iniin, kallatti haqa dubartii fi ijoollee miidhuu jedhuun addeessan ni argina. Haqa-dhabdummaan kun dhaabbata maatii diiga, bu'uura amala gaariis dabalatee. Dubartoonni ba'aa akka isaan hojii haadhummaa isaanii sirnaan hin raawwanne godhaniin miidhaman; ykn yeroo haajaa kana raawwatan, baasii ykn miidhaa filannoo san hordofee dhufu kan meeshaa fi xiin-sammuus kophama ofii baatu. Jidduma kana, dhiironni ammoo itti gaafatama kana irraa ni dhoowwatamu.

Ilaalchi Qur'aanni addunyaaf qabu, kallattiiwwan hawaasummaa isaafi ijaarsa sirna aadaa isaatiif hubannaa fi dammaqina dhabuun, warroota aadaa hawaasa Muslimaa laaquu ykn faaluu fedhan tajaajilaa ture. Walmadaaluun ykn walkiphuun hariiroo jidduu dhiiraa fi dubartii ni tolcha; mirgaa fi itti gaafatama isaanii qixa Rabbiin isaan uumeenii fi yaada jaalalaa Qur'aanni dubbateen(*al-mawaddah*), waliif naatoo qabaachuun(*al-rahmah*), gaarii dalaguunii fi tola ooluudhaani.

Ilaalchi addunyaa kun gadi fageenyaan hubatamuu barbaada; waan hariiroo saalaa fi ijaarsa qabatamaa mirgoota wabii isaan lameeniifuu(dhiiraafi dubartiif) karaa diinagdee, siyaasaa, hawaasummaa fi qabiyyee barnootaatiin waliin qabuuf jecha. Deebisanii ijaaruun akkasii sun naannoo sana akka waliigalteen, yaadotaa fi qajeelfamoota Qur'aanaatiin raawwatuu fi sirnoota xixinnoo daangaa hawaasichaa keessatti wal utuban gadi jabeessuuf fayyada.

Haawasni ykn ummanni ilaalcha Qur'aanaa addunyaawaa qabu kunniin hubatamuu kan qaban akka qaama ilma namaa adda bahuu hin dandeenyee kan yemmuu dhuunfaa ykn gamtaan jiraatus mallattoo eenyummaa ta'uutti. Qur'aanni nama dhuunfaas, hawaasas ta'ee dhala namaa hundaa waliigalatti itti dubbateera:

وَعَدَ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ مِنكُمْ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّـٰلِحَـٰتِ لَيَسْتَخْلِفَنَّهُمْ فِى ٱلْأَرْضِ ﴿٥٥﴾

النور: 55

"*Rabbiin warroota amantii (iimaanaa) dhugaa qabanii fi waan gaarii hajjataniif ifaan waadaa seenee fi; dachee irratti bakka bu'oota isaan godhuu" (24:55).*

Qur'aanni milkaa'ina dalagaa ilma namaatiif haal-duree ykn bu'uura sadi lafa kaaya: amantii guutuu fi shakkii dhabamsiisuu; hojii gaarii hojjachuufi hojiin sun sababa sirrii ta'eef fudhatama argachuudha. Kallattii ilaalcha Qur'aanaa keessatti, Maaltu mataa ofii fi nama biroo jiddutti murtee kenna? Kallattiin ilaalcha Qur'aanaa kan jireenya ilma namaa kun daran barbaachisaadha. Mul'anni Qur'aanaa kan

tokkichummaa isa waliigalaa fi kan walqabatuuti. Kanaafuu, wanti biroo qaama adda hin cinne kan tokkooti, akkuma tokkos qaama adda hin baane kan isa biraa ta’etti hubatamu.

Kallatti ilaalcha Qur’aanaa addunyaawaa yoo ilaalle, hariiroon gidduu nama tokkoo fi isa kan biraa jiru geengoo walkeessa seenuudha; kan tokko isa kan biraatiif waa gumaachu. Qaama tokkoo fi namni biroo qaama ‘hawaasaa fi gosaati’; karaa sirna hawaasa dhala namaa ibsuun yoo ilaalle, fakkeenyaaf adda addummaan.

وَمِنۡ ءَايَٰتِهِۦ خَلۡقُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَٱخۡتِلَٰفُ أَلۡسِنَتِكُمۡ وَأَلۡوَٰنِكُمۡۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ لِّلۡعَٰلِمِينَ ٢٢ الروم:22

*“ Ammas mallattoolee dinqisiisoo Isaa keessaa uumama samii fi dacheeti; adda addummaa loqodaa fi bifa keessaniiti: kana keessatti, beekaa, warroota beekumsa dhugaa qabaniif ergaawwantu jiraa!”(30:22).*

Adda addummaan waanuma jiraatu; namoonnis waliin jiraachuu fi hojjachuu, wal utubuun pilaanetii tanaa fi leeccalloo(qabeenya) isiis fayyadamuun, fedhiiwwan mataa isaaniitii fi nama biroo guutuun qaroomaa fi aadaawwan dagaagsuutu barbaachisa. Haqaa fi haqxi qofti hariiroo namoota jiddutti murteessuu danda’uu qaba; diinummaafi waldhabdeen jiraatus. Haaluma walfakkaatuun, hariiroon obbolummaa waliigalaa namoota jiddutti akka haqa-dhabdummaaniifi weerarri hin uumamne godha .

فَمَنِ ٱعۡتَدَىٰ عَلَيۡكُمۡ فَٱعۡتَدُواْ عَلَيۡهِ بِمِثۡلِ مَا ٱعۡتَدَىٰ عَلَيۡكُمۡ ﴿١٩٤﴾ البقرة:194

*“ Kanaafuu, yoo namni tokko weerara isinirratti bane, haaluma inni bane saniin lola itti banaa”(2:194).*

Walitti bu’iinsaa fi weerarri obboleeyyan namaa juddutti godhamu yeroo hedduu sarara diimaa dabra; kallattima seeraa fi barbaachisuun yoo ta’es. Kallattii sanaan, Qur’aanni hammeenyummaa gocha akkasii irraa nu seera (dhoowwa). Garuu, osoo hin haaromin haqxi jedhamu wahiituu hin jiraatu; haqxi firii waa hunda bakka isa barbaachisu kaayuu waan ta’eef jecha.

Islaamni akka bu’uura ragaa kan qarooma ilma namaa waliigalaafi haala saayinsaawaa yoo ta’u, Qur’aanni dhimmoota dhala namaa akka waliigalaatti hiika ykn fura. Qur’aanni, akka kitaabban asiin duraa barruu waa’ee uumama adda ta’ee ykn dinqii osoo hin taane, barruu beekumsaa, dubbisuu, xiinxaluu, waliin madaaluu, sababa gochuu, yaada mormiifi wal amansiisuu, qajeellumaa fi obbolummaa fi haqaaf nagayaati. Qur’aanni ergaa kabajaa kan xumuraa ilma namaatiif ergameedha; kallattiin Qur’aanaa argama ilma namaa irrattiifi dandeettii Rabbiin namaaf kenneen akka bakka bu’aa Isaa kan dachee irraatti ilaalama. Nuti hunduu sonootaafi barumsa Islaamaa irraa hamma dandeenye fudhachuun eega hubannee hojiirra oolchina. Ilaalchi Islaamaa addunyaawaa bu’uura hariiroon namootaa hunduu qajeelfamoota bu’uura haqaafi nagayaa irratti kan hundaa’u ta’uu isaati. Of eeggannoon gochuu qabnu yaamicha Islaamaa gara iimaanaa

ykn da’awaa isa kan Mootummaa Islaamaa ykn Dawlaatiin waliidhahuu dhabuudha. Mootummaan qaama siyaasaa kaayoo dhaabbata hawaasummaatiif uumamuudha.

Warri Dhihaa tooftaa saayinsaawaa fudhachuun tokkichummaa ilaalcha Islaamaa addunyaawaa didan. Eega warri Dhihaa amantii didanii booda, amantiin akka qaama kijibaa ykn sobaatti ilaalamuu eegale. Karaa biraatiin, Qur’aanni ergaa,kaayoowwan, sonootaafi yaadota yeroo ykn bakka waliin hin geeddaramnee dabarsa. Akkuma haalli jireenya ilma namaa walitti fufiinsaan jijjiiramaafi uumamaa deemuun, hojirra-oolmaan sonootaafi yaadota Islaamaas jijjiirama.

Sonootaa fi yaadota Islaamaa yeroo fi bakka adda ta’etti sirnaan hojiirra oolchuun qarummaa, beekumsaafi murtee barbaada. Qur’aanni, jechi Rabbiifi ergaan Isaa kan xumuraa dhala namaatti ergame, ammas ragaa qajeeluma sirrii ta’ee fi, uumamaa fi seerota addunyaa yeroo fi bakka kamittuu hin moofneedha. Gaheen Sunnaa Nabiyyiis akka hundee ragaa Islaamaa isa lammataatti kan ilaalamu yoo ta’u, sonoota, qajeelfamootaa fi yaadota ergaa kanaa qarummaan ykn malaan hojiirra oolchuuf fayyada.

Ilaalchi Qur’aanaa fi jireenyi Nabiyyii ergaa dhugaa kan namoota qajeelchuu danda’uu fi humnoota gaarummaa lubbuu namaa keessatti horuu danda’aniidha. Kun ammoo jallina, boona, gocha fokkataa, haqa-dhabdummaa fi fedhii dhuunfaa irraa nama eega.  Akka qabxii jalqabaatti, haawasni Muslimaa wanti hubachuu qabu, duubatti hafuu fi haalli argames kan

sababa beekamaa suphamuu danda’u yoo ta’u, hawaasichi wantoota Islaamaaf barbaachisaa fakkaatan garuu haqaan hin hojjatamnee fi dhugaarraa fagaatan dhiisuu qaba. Xiinxaltoonni, haaromsitoonnifi barsiistonni Muslimaa dhibee ykn madaa aadaa Islaamaa har’aa adda baasanii furuu ykn yaaluu qabu. Haaluma walfakaatuun, gareen hawaasa Muslimaa bal’aa kamuu hundeewwan hojmaata badaa adda baasanii hubachuun furmaata isaanii kaayuu qaban. Yeroo san hawaasichi fayyummaa ofii deeffachuun gahee aadaa guddisuus bahuun mul’ata yeroo isaa eeggate qabaata.

Islaamummaan doonii jireenyaa kan nagayaan gara qarqaraatti nu geessuudha; agarsiiftuu xumura adeemsa keenyaatti akka geenyuu fi wabii nuu taatuudha; Islaamni: amantii nama kutaan adda qoodu, weeraratti amanu, nama gabroomfatu, nama sodaachisu, olola dharaa, ykn meeshaalessaa namni daran humna qabu qofti keessa jiraatuu miti. San irra, Islaamni amantii dachee irrattii fi yaada amantii madaalaa fi fayyummaa dhala namaa eeguudha. Mul’anni Islaamaa bu’uura fedhiiwwan ilma namaa qixa sirrii ta’een,haqaanii fi nageenya sammuutiin guutuuti.

## Boqonnaa Lama

## Qajeelfamoota Bu’uuraa Ilaalcha Qur’aanaa Addunyaawaa Keessatti Ammataman

Sonootaa fi qajeelfamoonni bu’uura, qaama ijaarsaa murteessoo ilaalcha qur’aanaa addunyaawaati; sadarkaa qabatamaatti, isaani dagaagina aadaa hawaasaa qajeelchu. Tokkichummaan Rabbii qajeelfama bu’uuraa irra barbaachisaa ilaalcha kanaati; ilaalcha daran amansiisaa, deebii waliigalaa fedhii lubbuu ilma namaatiif kennu waan ta’eef. Ammas, ilaalchi kun yaada jireenyaa fi argama ilma namaa ol-aanaa kallattii adda addaatiin kan addeessaniidha:

لَيۡسَ كَمِثۡلِهِۦ شَيۡءٞۖ وَهُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡبَصِيرُ ﴿١١﴾ الشورى:11

*“Wanti Isa fakkaatu homtuu hin jiru; Innis Hunda-Dhagahaadha, Hunda-Argaadha” (42:11).*

Ibsi Qur’aanaa kun wanti mul’isu amala bu’uura waa adda baafachuu ilma namaafi kaayoo, amalaa fi jallina lubbuuti.

Qajeelfamni kabajaa kan bakka bu’ummaa yeroo ilmaan namaa uumu ajaja Rabbiitiin Malaa’ikaawwaniif addeeffame. Sadarkaa dhuunfaafi hawaasaatti, namoonni dammaqinaa fi hubannaa qabu. Qajeelfamni bakka bu’ummaa, kan dandeettii addunyaa irratti waa hojjachuu mul’isu, ilmaan namaatiif bakka kabajaa guddaa kenna. Bakki ykn sadarkaan kun mirga bilisummaan: murteessuu, dirqamaa fi itti gaafatamummaa nuti waan dacheerratti hojjannuuf fudhachuu qabnuudha.

Haqxi kayoo handhuura dalagaa ilma namaa fi hariiroo sadarkaa hundaa: qabatamaa, amantii, diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaati. Haqaa fi walqixxummaan yoo hin jiraanne, kallatiiwwan argama dhala namaa fi bakka bu'ummaa cufti hiikaa fi kaayoo dhaba. Haqxi safartuu amala ilma namaa sirriiti. Qur'aanni haqa kallattii dhimmoota jireenyaa dhunfaa fi hawaasaa hundaan akka ilaallu nu gargaara.

Namni uumamtoota biraa irraa kan adda taheen yaaduu fi amantiidhaan; ammas, beekumsa barbaaduudhaan. Kabajni kun gara biraatiin itti gaafatamummaa ilmi namaa waan fedhe (hiika isaaf qabu) filachuu isa feesisa. Haa ta'u malee, bilisummaan miraa fi fedhii nama dhuunfaa, hawaasaa ykn dhaloota biraa miidhuu jechuu miti. Kanaafuu, namuu mirga namaa bakka bu'ummaa kallattii dhuunfaatiinis ta'ee gamtaan jiru kana jeequun hin ta'u.

Bilisummaan dhuunfaa: yaada dhuunfaan of amansiisuun hojjatuun, amantaa qajeelfama amantii fi ilaalcha addunyaawaatiin dhufuu danda'a. Kan lammataa bilisummaa hawaasa ta'e tokko keessatti jiraatudha. Bilisummaan kun hawaasa irratti dhiibbaa fi daangaawwan mariidhaan sararaman qaba. Hawaasni daangaawwan toowannaa madaala mirgaa fi bilisummaa, akkasumas mirgaafi nageenyummaa dhuunfaa fi hawaasaa kabachiisuuf oolan ni bafata ykn ni kaaya.
Qur'aanni wanti nuu mirkaneessuu kennaan ykn badhaasni Rabbii hin dhumanne warra

وَٱلَّذِينَ ٱسۡتَجَابُواْ لِرَبِّهِمۡ وَأَقَامُواْ ٱلصَّلَوٰةَ وَأَمۡرُهُمۡ شُورَىٰ بَيۡنَهُمۡ وَمِمَّا رَزَقۡنَٰهُمۡ يُنفِقُونَ ﴿٣٨﴾ الشورى:83

*"…waamicha Jiraachisaa isaaniitiif deebii kennaniif, ammas, salaata irratti gadi dhaabatanii fi seerota(dhimmoota waliigalaa irratti) gidduu isaaniitti wajjiin mari'ataniif…"(42:38)*

kennaaf. Kaayoon marii hawaasa ajaajuu fi hooganuuf qajeelcha kennuudha; osoo mirgaa fi bilisummaa nama dhuunfaas hin tuqin ykn miidhin.

Namoonni itti yaadaniis ta'e osoo hin yaadin amantaa, dandeettiifi haalotuma keessa jiranitti, filannoowwan hiika-qabeessa bilisaan godhaniif itti gaafatamoo dha. Ilaalchi addunyaawaan Qur'aanaa jireenya namaa akka waan murteessaafi adeemsa hiika guutuu qabu kan bu'uura gaarummaa ykn tolinaa godhee ilaala. Inni firii waan jireenya keessatti dalagnu hundaa kallattii haaromsaa, waa uumuu fi tajaajilaa akka itti fufiinsa jireenya lubbuu kan dhumaatti ilaala. Yaadni amantii nu keessatti uumamu hundee amantii fi miira hamileeti. Yaadotaafi hawwii san gara handhuura dammaqinaatti fiduudhaan, ilaalchi Qur'aanaa addunyaawaan xiffeeffannaa fi bu'uura hawwii keenyaa ta'a.

Namni tokko dandeettii waa yaaduu, odeeffannoo fi itti gaafatama murteewwan jireenya isaa keessatti murteesuu daran qabaachuu mala. Ilaalchi addunyaawaan kun dammaqina itti gaafatama hamileefi seeraa keenya jajjabeessa; kunneen amala uumamaan Rabbiin namaa kennee nu madaaluun bakka bu'ummaa Isaa ta'uu dachee irratti mirkaneessuuni.

Beekumsi isaanii guddachaa dhufuu waliin, ilmaan namaa dandeettii qabeenya ykn leecalloowwan dacheerraatti fayyadamuu fi aadaa fi qaroomman ijaaruu qaban. Ammas bilisummaa fi dandeettii waan fedhan filachuu, haala amantiis ta’ee hamileetiin yaaduu fi kaayoon jiraachuu, waan gaarii barbaaduu fi dammaqina itti gaafatama isaanii Uumaa isaanii biratti, kennamaniiru.

Mariin waliinii (*al-shura*) fedhii fi hawwii dhunfaa ykn dhiibaa fi humnaan godhamuu miti; hawaasa bal’aa hirmaachiseeti. Barmaatni (practice) kun mirgoota namoota wayyabaa bu’uura amansiisuu(murteessuu ykn dhoowwuu osoo hin taane), eegasii kaayoo argama namaa guutuun galma waliinii kan akka guddinaa, haaromsaa fi nageenyaa eeguuf fayyadu. Mariin waliinii bu’uura nageenyummaa nama dhuunfaa, hawaasaa fi dhala namaati.

Qur’aana of eeggannoo fi gadi fageenyaan qorachuun, keessattuu waa’ee yaada mariifi bakka bu’ummaan, amalaa fi kaayoo guddinaatiin waliqabsiisanii, bilisummaa qajeelfama sirriitiin utubamte tan gaarummaa, kabaja namoomaa fi tolinaa ifatti baasee mul’isa. Mariin waliinii hawaasa balaa abbaa irrummaa, haqa-dhabdummaa fi malaammaltummaa irraa ittisa. Bilisummaa fi mariin waliinii dagaaginaa fi kufaatii qarooma tokkoo keessatti gahee guddaa qaba. Bilisummaa fi mariin waliinii dhimmoota murteessoo jireenya qarooma dhala namaati.

Akkuma hawaasni Muslimaa sadarkaalee of ijaarsaa fi of bayyanachiisa guddina aadaa isaa godhuun, gara tokkoon of danda'uu bilisummaafi marii, gama biraatiin ammoo ka'umsaa fi kufaatii qaroommanii diqinsiifatuu feessisa. Qaroomni ilma namaa har'a ol-aantummaafi fedhii dhuunfaa meeshaaleyyummaatiin, dimokraasii sobaatiin, olola sabaa-himaaleetiiniifi dhaabbilee qorannoo dhiibbaa oofaniin hubamaa jira.

Hawaasni meehsaalessi dagaage qabeenya ummata biraa (meeshaafi humna namaa) duguuguun, fedhii, dhiibbaa siyaasaa, hawaasummaafi diinagdee, malaammaltummaa, gosummaa, barmaatilee loogii, kufaatii hamilee ummataa fi sirnoota hawaasaa hedduu qaqqabsiiseera. Gatiin saamicha kanaa kan kafalame hawaasa duubatti hafaa, hin dagaagineen yoo ta'u, sammuu, qabeenya, meeshaafi humna namaa, akkasumas eenyummaa isaanii irraanfatuudhaan.

Hulaan namoota wayyabaa fi abbootii aangoo muraasaa gidduu jiru kan bal'ate sababa babal'ina teknoologii fi kaappitaalaatiin. Haala Kanaan, jijjiiramuu dhabuun hawaasummaafi diinagdee, qabsoo hawaasummaa fi siyaasaa hammaachaa dhufuun, addunyaa guutuu keessa faca'e. Sababoota seenaan walqabataniin, dagaagina aadaa dhabuun, hawaasni Muslimaa barbaachisummaa dhaabbilee isaa dhugoomsuu dadhabe.

Har'a, haa ta'u malee, yoo dhugamaan ofii keenyaa fi hawaasas jijjiiruu feene, hamma danda'ameen dhaabbilee irra

filatamoo ijaaruun nu hin dhibu. Akkuma Qur'aanni nu yaadachiisu:

وَلَوۡلَا دَفۡعُ ٱللَّهِ ٱلنَّاسَ بَعۡضَهُم بِبَعۡضٍ لَّفَسَدَتِ ٱلۡأَرۡضُ وَلَٰكِنَّ ٱللَّهَ ذُو فَضۡلٍ عَلَى ٱلۡعَٰلَمِينَ ﴿٢٥١﴾ البقرة: 251

*"Osoo Rabbiin namoota akka namoota ofirraa deebisan dandeessisuu baatee, silaa malaammaltummaan dachee balleesse ture; garuu Rabbiin caalmaa(tola) guddaa addunyaadhaaf keenna"(2:251).*

Qabeenyi amma abbootii irree ykn mootummoota Islaamaa malaammaltoota bira jiru qabatamaan sochii hawaasni Muslimaa karaa haaromsaaf godhuuf nu sodaachisa.

Mallattoo shororkaa guddaatu kaka'umsa hawaasa Muslimaatiin walqabatee osoo inni hin dagaaginii fi firii hin buusin mul'ataa jira. Xiinxaltoonni, haaromsitoonnii fi barsiisonni, haawwotaafi abboota ijoollee waliin tahanii, ijoollee isaaniitiif dhimmamuu fi wareegamuun, akka hawaasni Muslimaa galmoota isaa dhugoomsu hojjachuu qaban; gufuuwwan hedduun jiraatanis.

Fakkeenya murtii fi seerri Ibni Kalduun (d.808/1406) ijaarsa sirnaa'aa, hin baratamin, qo'annoolee saayinsaawoo fi hariiroo saayinsiiwwan hawaasaa irratti gahee guddaa taphateera. Wanti inni addeesse, keeyyatoonni Rabbi buusee fi ergaawwan isaanii akka ragaa dhugaa ta'anii fi beekumsa ilma namaa kan ida'aniidha; tokkoon tokkoo yaada ergamtootaa fi ergaa dursa madaala qor-qalbii namaatiin madaalamuu fi ulaagaalee ifa

tahaniin safaramuu qaban kan jedhuudha. Hariiroofi itti gaafatama qabaachuun bakka bu'ummaa irraa adda hin bahan. Yoo hariiroon hin jirre, jireenyi gara gaaga'amaatti gadi bu'a; hojiin itti gaafatamaa fi dirqamaa hin jiraatu. Bakka bu'oota Rabbii ta'uun itti gaafatama, dandeettii raawwii tokkichummaa, kayo-qabeessummaa fi hamilee irratti hundaa'e of keessatti qabata.

Dacheerratti bakka bu'oota Rabbii ta'uun, yoo hariiroon jireenya namaa fi Rabbi jidduu hin jiraatin, hin danda'amu. Walitti dhufeenya gaarii jidduu ergaa Rabbirraa buufamtee fi (waan dhokataa, *almastur*) fi seerota uumama namaa fi qabatama (*al-manzur*), akkasumas, madaala (*mizan*) yoo ilaalle, seeronni uumama namaa fi qabatamaa ergaawwan buufamaniif ni eetamu (tole jedhu) yemmuu bu'uurri madaalaa fi amansiisaan ammoo haala nuti qajeelcha ergaawwan sanniin ittiin hubannuudha. Osoo karaan Muslimni ittiin yaadu yaad-rimee Giriikii jalatti kufuu ykn dhokatuu baatee, silaa Muslimoonni dursa saayinsiiwwan hawaasaa qoratanii argatu turan. Tooftaa saayinsaawaa seera-qabeessaa fi bal'aa dursanii osoo fudhatanii, (Muslimoonni) ummattoota biroo daran argannoowwan hedduullee argatu ture.

Adeemsa yaad-rimee Islaamaa fi aadaa har'aa sirreessuuf, xiinxaltoonnii fi haaromsitoonni Muslimaa ilaalcha bal'aa fi saayinsaawaa deebisanii hojiirra oolchuu malan ykn qaban. Eegasii, hundee jabaa ilaalcha Qur'aanaa addunyaawaa irratti hundaa'uun, tooftaa hawaasa Muslimaa kan aadaa, barnootaa fi ijoollee guddisuu haaromsuu qaban; bu'uura yaad-rimee,

dhaabbilee barnootaa fi leenjii waan buusuu danda'aniif jecha. Haaromsi akkasii tokkummaa dameelee beekumsa Islaamaa garagaraa uuma. Haaromsi akkasii kaarikulamii sirna barnoota addaa kan Qur'aana irratti hundaa'ee fi ilaalcha Qur'aanaa addunyaawaa addeessu cinaadhaan qopheessuu fi hijiirra oolchuuf fayyada.

Ilaalchi Islaamni addunyaaf qabu bal'aa, seeraafi amala-qabeessa. Osoo hin milkaa'in ta'ee, ilaalchi addunyaawaan Muslimoota bira jiru, kan kijibaan kan 'Islaamaati' jedhamee, oduu qofa, kan hojjichi hin hiikamnee fi beekaan filatamee qophaa'eedha. Hawaasni Muslimaa ilaalcha Qur'aanawaa isaa deebisee gonfachuu fi sirna yaad-rimee warroota qajeeluma qabanii san ijaarachuuf, wanti hubachuu qabnu, dursa seeronni uumamaa, keessi keenya, dhugaawwan yeroo fi bakka, akkasumas, ergaawwan buufaman bu'uura beekumsa keenyaa ta'uu qaban.

Miironni akka meeshaa madaalaatti tajaajilu, kan safartuu yaad-rimee ilma namaa. Tooftaa kanarratti hundaa'uun, ilaaluui fi walmadaalchisuun waa'ee addunyaa murteewwan adda addaa akka kenninu nu dandeessisa. Kun akka bu'uura filannoowwaniifi murteewwaniitti, qixa sirrii, haqaa fi haaromsa dachee iraatti ykn xumura ofittuumaatti quufuutti tajaajila. Dhuunfaanis ta'ee akka hawaasaatti, Muslimoonni waan cabe karaa yaada isaaniitii fi dhaloota boodaatiif ta'uun suphachuu danda'u.

Ammayyummaan (globalism) mallattoo kutaa jijjiiramaa guddinni dhala namaa hundi keessa darbuudha. Amantiiwwan Islaamummaa duraa cufti ergaawwan ummatuma murtaa'aniitti, kanneen jireenya duubatti hafaa keessa turanitti ergaman; walirraa fooyamoo ta'aniiti. Dabalataanis, karaan amantiiwwan kunniin ummata yaadameef bira ittiin gahan bal'inaan karaa raajiitiin (miracle). Islaamni akka ergaa ummata addunyaa hundaa ta'ee dhufe, ilmaan Adam hundaaf. Sababa kanaaf, ergaawwan isaas dhala namaa hundaaf, karaan ergaawwan ittiin daddarbanis seera-qabeessaa fi namni addunyaa ittiin hubachuu danda'uun, ilmi namaa keessaa bakka qabaatuun ibsame. Kaayoowwan isaa haqaafi nageenya. Haqaan malee nageenyaa fi ammayyummaanis hin jiraatu. Ammayyummaaf ammayyoomuun garagara. Ammayyummaan hariiroo fi nageenya nama dhuunfaa fi hawaasa, obbolummaa, jaalalaa fi bu'aa fi qabeenyas qixa sirriin fayyadamuufi qoodamuudha. Ammayyoomni (globalization), faallaa san, kan maddu toowannaa, qabeenya saamuufi malaammaltummaa irraati. Dagaagina sochii walqunnamtii wajjiin, addunyaa mana tokko godhuun, sadarkaan guddina namaa saayinsaawaan kun, namoota akka walitti dhihaatanii hawaasa tokko ta'an godheera. Wal-qunnamtiin, walmariiniifi fedhiiwwan woloo kan ummataa fi namoota addunyaa tanaa gara ijaarsa hawaasa ilma namaa tokkootti geessuuf jiru.

Filannoon ammayyoomuu ammayyummaadha. Kana jechuun hawaasa addunyaa, ajajaa fi Mootummaa bu'uura obbolummaa, haqaa, walii tumsuu, waldanda'uu, nageenyaa,

nagayaafi itti gaafatama qabduu fi bilisummaa qixa sirrii ta’een fayyadamuu ijaaruudha. Hawaasni Muslimaa mul’ata isaa deebisee gonfachuuf itti gaafatama qaba; sirna mariiwwan isaas kallattii ka’umsaa kan bu’uura tokkummaa ilma namaa godhachuun.

وَٱللَّهُ يَدۡعُوٓاْ إِلَىٰ دَارِ ٱلسَّلَٰمِ وَيَهۡدِي مَن يَشَآءُ إِلَىٰ صِرَٰطٖ مُّسۡتَقِيمٖ ﴿٢٥﴾ يونس: 25

*“ Rabbi gara ganda nagahaatti (ilma namaa) waama; abbaa fedhes gara karaa gadi dhaabbataatti qajeelcha”(10:25).*

## Boqonnaa Sadi

## Ilaalcha Qur'aanaa Addunyaawaa:

## Bu'uura, Qabxii Jalqabaa, Kaka'umsa Haaromsaa fi Ijaarsaa

Muslimoonni Ilaalcha Qur'aanaa Addunyaawaa deebisanii gonfachuuf, akka ummataatti seenaa keenya guututti beekuu nu barbaachisa; keessattuu, jabana jireenya Nabiyyii fi Bakka bu'ootaa. Ammas wanti dinqisiifannu bu'aa ilaalcha addunyawaa kan jabana walqixxummaa san hambaalee Islaamaa irratti argamee fi jaarraawwan itti aanan keessas, kan karaa biraatiin qarooma namaa dagaagsee, kallattii saayinsaawaa dammaqina qabatamaa amma irra jirrutti geesseedha. Qixa waa'ee ilaalcha amantii addunyaawaa beeknuun, jechuun bu'uura haqaafi obbolummaa hundaa fi, ammas ilaalcha meeshaalessummaa addunyaawaa kan loogii fi weerara irratti bu'ureffame yoo ilaalle, qarooma ammayyaa kan amaloota dhugaa qabu adda baasutti seenuu dandeenya.
Amaloonni nuti qarooma ammayyaa keessatti ilaallu kunniin, dhugaadhaan, ibsoota seera hammeenyaa fi fedhiiwwan dhuunfaa fi ofittummaati. Akkuma ijaarsi bu'uura hawaasotaa gogaa fi adda ciccitaa ta'aa deemuun, hawaasonni mataan isaanii laaffataa fi adda faca'aa deemu. Amala gaariis ta'ee mirgoonni addunyaa hallayyaa kana keessatti hiikaa fi bakkas hin qabaatan. Kanaafuu, qaroomni kan jiraatuu ykn dandamachuu danda'u, yoo waldhibdeewwan amma akka

abidda saafayaatti babal’ataa jiran, kan yoo waan nyaatan dhaban wal nyaatan, qabbanaa’an qofa:

وَلَقَدۡ كَتَبۡنَا فِي ٱلزَّبُورِ مِنۢ بَعۡدِ ٱلذِّكۡرِ أَنَّ ٱلۡأَرۡضَ يَرِثُهَا عِبَادِيَ ٱلصَّٰلِحُونَ ﴿١٠٥﴾ إِنَّ فِي
هَٰذَا لَبَلَٰغٗا لِّقَوۡمٍ عَٰبِدِينَ ﴿١٠٦﴾ الأنبياء:105-106

*“akka haqaatti, kitaaba kabajaa Zabuur keessatti gabroonni kiyya gaggaariin dachee (tana) ni dhaalu (jechuu) barreessineerra; kana (Qur’aana) keessatti ergaatu jira; namoota (dhugaan) Rabbi gabbaraniif” (21:106).*

Jabeenyi iimaanaa kan Qur’aanni itti ajaje, haqa, waldanda’uu fi amala kayo-qabeessummaa hammatuun, faallaa meeshaaleyyummaa nama adda qooduu san. Qajeelluma ergaa Rabbi buusee guutumatti waakkatus, qaroomni meeshaalessi (materialistic) waan hedduu irratti dagaagina argasiiseera; sirna seera-qabeessa gaafii saayinsaawaa gaafatuu, kan Rabbiin bakka bu’oota isaa dachee irra jiraniif barbaachisaa godhe fa’a murannoon itti dhimma bahuun.

Jallinni qarooma ammayyaa kun ammas bakka bu’ummaa dhugaa, kan jabeenyi iimaanaa cimaan keessaa mul’atu, amala namaa sirrii ta’ee fi, of aalachuu (al-nafs al-lawwamah) hin qabne, barbaachisa. Isaan ala, karaan madaa amantii (iimaanaa) fi hawaasummaa kan miseensonni hawaasa ammayyaa ittiin rakkachaa jiran kana fayyisaniin hin jiraatu.

Takka yoo Islaamummaan sirnaan hubatamee namoota biroofis qixa sirrii ta’een dabarfame, takkaa yoo hubannaan nuti ilaalcha Qur’aanaa addunyaawaaf qabnu barruulee ololaa irraa qulqullaa’ee fi takkaa yoo sirni barnootaa gaariin ykn qabatamaa hojiitti hiikame, meeshaa meeshaaleyyummaa ammayyaa kan waldhibdeen, haqa-dhabdummaa fi

hammeenyaan guutumee argama isaaniis hubaa jiru kana irraa ni bilisoomna. Hojiin haaromsaa xiinxaltootaa fi hayyoota Muslimaa irraa eegama; dhiibbaa gogiinsa aadaa fi yaada duubatti-hafummaa irra aanuun alloogummaa, obsaafi gootummaas barbaada.

## Boqonnaa Afur

## Ilaalcha Islaamaa Addunyaawaa fi Yaadota Amala Namummaa

Yaadni Muslimaa barmaatilee duubatti hafoon, ilaalchota duriitiin haguugamuun, riphiinsaafi dadhabini hundee qabatee jidduu sonootaafi amaloota aadaawwan gaggaarii Islaamaa keessa turaniifi jireenyaafi hariiroo Muslimni amma keessa jirutti hula bal’aa uume. Sonootaafi yaadonni silaa meeshaalee hojii qabatamaa ittiin hojjataniidha.

Sonoonni, qajeelfamoonni bu’uuraa fi yaadonni Islaamaa gara hundee mul’ata hawaasa Muslimaa isa duriitti akeeku. Har’a, yaadota kanniin barnootaan qor-qalbiiwwaanii fi onneewwan namoota Muslimaa dhuunfaa keessatti fe’uu barbaachisa; sadarkaa dhaabbilee waliinii, walitti dhufeenya hawaasaa, siyaasaafi diinagdeetti. Qixa Kanaan, hawaasa Muslimaa cimaafi bu’a-qabeessa qarooma ijaaruu fi seenaa hojjachuu danda’u uumuu dandeenya. Barsiiftota, qorattootaa fi maatiiwwwan hawaasichaa akka dammaqinaa fi itti gaafatamummaa qabaatanii fi gahee isaanii taphatuun dirqama Rabbiin irra kaahes akka bahan gargaaruu nu barbaachisu.

Ilaalchi Qur’aanaa addunyaawaan kallattiiwwan hundaanuu mul’ata dhugaa kan jireenyaa addeessa; yemmuu qajeelcha akka nuti seerota qabatamaafi amala dhala namaas itti waliin jiraannus nuu ibsu. Mul’anni sun yaada tokkichummaa Rabbii ol-aanaa fi qajeelfamoota wal utubuu seerota addunyaa fi

qaamota seerichaa hubachuun eegala. Itti aansuun dammaqiinsa obbolummaa dhala namaa kan nu keessatti uumame; nagayaan, hamilee gaariinii fi qixa sirriitiin jiraachuuf itti gaafatama qabnu bahuudha. Kun kan ibsu ijaarsi jireenya namaa fi addunyaa akka walii galaatti kan hundaa'u tokkummaa adda addummaa keessa jiruu fi adda addummaa tokkummaa keessa jiru irratti.

Qorannaa haqaa, gadi fageenyaa fi loogiin alaa dhaalaa fi seenaa hawaasa kanaa irratti akka godhamu barbaanna; akka gaarii yaraa irraa, faayda-qabeessa kaan irraa adda baafnuuf jecha. Yoo dadhabina sammuu, beekumsaa fi naannawa hawaasummaa, mormiilee fi olola jiran sirnaan dhabamsiifne, alloogummaa, qajeelumma Qur'aanaa, ilaalcha addunyaa sirrii kan qaroomaa fi kennaa Nabiyyii irraa waraabamee fi karaawwan inni Qur'aana dhimmoota jireenyaattif ittiin barsiise qabachuu dandeenya.

Beekumsaa fi hubannaan, waan hunda dura, boca ykn mallattoo xiinxaltootaa, hayyootaa, qorattootaa fi beektota amantiiti; akkasumas, kan barattootaa fi barsiiftotaatis. Hojiiwwan maatiiwwanii, waan hunda dura, ijoollee sirnaan guddisuu, barsiisuu fi lubbuu isaanii waan gaariifi qajeellumaafi qopheessuun amala gaariis itti horuudha. Xiinxaltoonni, barsiisonnii fi haroomsitoonnis barruulee fi dhaabbilee isaan ilaallataniif kallattii aadaa, saayinsaawaatiin xiyyeeffannaa guddaa kennuun, maatiiwwaniif waan isanii fi ijoollees fayyadu kennuudha; keessattuu, jabana meeshaan walqunnamtii fi intarneetiin babal'ate kanatti.

Dhaabbileen amantii, hawaasummaa fi barnootaa keenya kan hoogganamaniin gara caalu namoota dameelee barnootaa isaan barataniin gahumsa gadi aanaa qabaniin yoo ta'u, dameelee barnootaa hedduu qaqqaalii fi murteessoo ta'an kanneen akka saayinsii yaalaa fi injinariingii fa'aaf qabeenyaa fi beekamtii guddaa kennaa turreerra. Garuu, sirni hawaasummaa keenyaa raawwii gadi aanaa irraa waa jiruuf, hayyoota sanneenis biyyoota birootiif gadi dhiifne. Amma yeroon keenya aadaa keenya qulqulleessuun deebifnee ijaaruu fi ijoollee teenaaf bu'uura amantii, beekumsa qor-qalbii fi aadaa garii kaayuuf.

Amala dhugaa 'beekumsa Islaamessuu' fi karaa isa ittiin argatan irratti walfaallaa fi waliindhahiinsa heddutu ture. Sababoota gurguddoo kana fidan keessaa tokko dhabamiinsa iftoominaa waa'ee uumama saayinsii hawaasaa fi kufaatii iftoomina amala qabiyyee fi kaayyootti, akkasumas hariiroo isaan dhaala hawaasaa, yaad-rimee Islaamaa fi saayinsii hawaasaa warra Dhihaa waliin qabaniiti. Beekumsa Islaamessuu fi saayinsiiwwan hawaasaa Islaamessuun gama lamaan saantima takkaati, hamma hidhata gidduu isaanii ifa goonutti, akkasumas isaniifi saayinsiiwwan Islaamaa kan durii ykn dameelee fi saayinsiiwwan hawaasaa gidduu, waliindhahiinsii fi dhamaatiin ittuma fufu.

Yeroo ammaa, dhimmi seera Islaamaa kan aadaa yaad-rimee Islaamaa keessatti kabaja guddaa qaba, waa'ee dhimma hawaasa Muslimaa waan bal'inaan ilaaluuf. Seerri Islaamaa, jalqabuma irraayyuu yaad-rimee fi qabiyyee isaa kan fakkeenyummaa Nabiyyii, bakka bu'ootaa fi Sahaabotaa qabu

irraa madde; maddeen kunniin waan bu’uura beekumsa yaad-rimee Islaamaa ta’aniif jecha. Itti fufiinsi fooyama yaadaafi siyaasaa, akkasumas ango-dhabiinsi barattoota Muslimaa kanneen saayinsii seeraa baratanii, yeroo dheeraa booda gara gogiinsa hayyummaa fi irkannaa seerota barreeffamanii, dambiiwwanii fi yaadotuma muxannoo, ijaarsaa fi taateewwan irraa baafamanitti kan qajeelchu yoo ta’u, hedduun isaanii hawaasa duraanii waliin hidhata homaatuu ykn qabatamaa hin qaban.

Seeronni, dambiiwwan, qajeelfamoonni fi murteewwan seeraa hedduun taateewwanii fi dhiibbaawwanuma turan irraatti hundaa’uun kan qophaa’anii fi yeroo nuti amma keessa jirru kan hin ilaalleedha. Wanti daran barbaachisu qajeelfamoonni bu’uraa fi sonoonni Islaamaa hin geeddaramne kan ilaalacha Islaamaa addunyaawaa beekamtii argatuufi kunuunfamuu qabaadha. Qarooma sonoota Islaamaa irraa akka fayyadamnu ofiif hayyamuun, kallattii haaraa naannawa yaad-rimee Islaamaa fi sadarkaalee barbaachisan cufas hubachuu dandeenya. Hariiroon gidduu saayinsiiwwan hawaasaa warra Dhihaa fi beekumsa Islaamessuu handhuura saayinsiiwwan hawaasaa fi qabiyyee fi tooftaa isaa keessatti argama.

Gaheen hawaasaa fi saayinsiiwwan hawaasaa seera, beekumsa seeraa fi murteewwanii fi qajeelfamoota seeraa irraa adda. Hawaasa Islaamaa keessatti, keessattuu, saayinsiiwwan hawaasa qabiyyee yaadaa kan seerriifi qorannoon seerotaa fi murteewwan seeraa kan hariiroo ijaaran irraa baafaman namaa kennan. Hojiin beekumsa seeraa fi seerris, hunda dursa,

uumama seera-qabeessa; yemmuu hojiin saayinsiiwwan hawaasaa gara caalu beekumsa yaadaafi hayyuummaa keessaa ta'u. Isaan waltumsu, waliin hojjachuun dagaagina hawaasa Muslimaa fi qaroomsa isaa waan beeksisaniif jecha.

Adda addummaa jidduu yaad-rimee warra Dhihaa kan qo'annoo fi qorannoo hawaasummaa irraa madduu fi tooftaa saayinsiiwwan hawaasaa warra Dhihaa beekuun murteessaadha. Adda addummaa kana irratti hundaa'uun, wanti agarru guddinni saayinsii hawaasa Islaamaa isa kan jabana durii hin faallessu. Faallaa san, guddinni akkasii muxannoo, beekumsa fi argannoowwan durii fayyadama; yemmuu tooftaa fi argannoowwan saayinsiiwwan siyaasaa keessatti ammoo warra Dhihaa fayyadama.

Qabiyyeen yaadaa ykn qabatama hin taane kan saayinsiiwwan hawaasaa warra Dhihaa dhimmoota lamaan dhiibbaa godhan. Dhimmi duraa kan loogii fi yaada ilaalcha warra Dhihaa addunyaawaati. Hariiroo hawaasummaa warra Dhihaa qo'achuu keessatti amantiin gahee wahiituu hin taphatu; miseensonni isaanii hedduun akka amanti-maleeyyiitti waan of ilaalaniif jecha. Dhimmi lammataa kan loogiin alaa fi tooftaa qorannoo saayinsiiwwan hawaasaa warra Dhihaa addunyaawaati. Alloogummaan isaa tooftaawwan waa uumuu, sirnootaa fi dhaabbilee saayinsiiwwan hawaasaa Islaamaa guddisuuf fayyadan hedduu waan argamsiiseef.

Barattootaa fi qorattoonni Muslimaa waan armaan gadii hojjachuu qaban: akkeessaa fi irkattummaa sammuu irraa of

bilisoomsuu, meeshaa yaadaa kan waa uumuu, bal'aa, murteessaa, saayinsaawaa fi xiinxalaa hidhachuu; hubannaa gaarii kan kallatiin Qur'aanaa dhala namaa fi addunyaa sonootaa fi qajeelfamoota bu'uuraa irratti horachuu; beekumsa tooftaa saayinsaawaa kan qorannoo amala ilma namaafi seerota uumamaa, akkasumas bocaawwan taateewwan addunyaa irratti qabaachuu; ammas hawaasaa fi dandeettiiwwan inni naanoo qubsumaa san keessatti qabuu fi dhaalmaya Islaamaa fi argannoowwan saayinsaawoo hawaasa warra Dhihaa irraa bu'aa argamutti fayyadamuudha.

Dhaabbanni yaad-rimee Islaamaa Idil-addunyaa qorannoowwan barnootaa irratti tarkaanfilee murteessoo hedduu fudhachuun boca ykn moodeelii qabatamaa beektotaaf kennuun qo'annoowwan Islaamaa, saayinsiiwwan hawaasaa fi tooftaa qo'annoo, akkasumas giddu-galoota qo'annoo fi yuuniversiitiiwwan irratti gahee guddaa taphateera. Qo'achuun, akkeessuunii fi moodeelii kana uumuun, xiyyeeffannaa tattaaffiilee ammaa kan gara tajaajila dhimma ilaalcha Islaamaa addunyaawaa sonootaafi yaadota hin jijjiiramnee dhugoomsuu qabna.

## Boqonnaa Shan

## Karoora Dhaabbata Yaad-Rimee Islaamaa

## Idil-Addunyaa(IYIIA) Kan Kaarikulamii Yuuniversiitii Qopheessuu

IYIIAn srina ykn immaammata barnootaa Yuuniversiitii haaromsuu irratti gumaacha godheen moodeelii kaarikulamichaaYuuniversiitii Islaamaa Idil-Addunyaa Maleeziyaatti hojiirra oolcheera. Fakkeenyummaan kun barnoota dachaa ykn muummee (specialization) guddaafi xiqqaa ammoo dameelee barnoota Islaamaafi namoomaa of keessatti qabata, walduraa duubaan. Muummee lamaan keessaa tokko qorannoo Islaamummaati jechuudha. Sirni milkaa'aan kun amma eebbifamtoota barnoota barataniin dorgomoo ta'an hedduu oomishaara; kan miira ifaa eenyummaa Muslimaa mul'isuufi bilchina, hubannaafi ilaalcha Islaamaa addunyaawaa simachuufi gahee hawaasni Muslimaa qarooma keessatti qabu beekuu of keessatti qabatu. Karoorri haaromsaa bal'aan kaarikulamii ykn sirna barnootaa Yuuniversiitiitiif haala kanaan qophaa'e.

Lafeen dugdaa karoora kanaa akaakuu barnootaa walii gala qo'annoolee Islaamaa kan gosa lama of keessatti qabataniidha. Inni duraa kun(tilmaamaan saa'atii barnootaa 30) barataaf waa'ee fedhii Muslimaa kan beekumsa amantii isaa/ishiiti. Gosti kun ispeeshaalistummaa sadarkaa gadi aanaa(minor specialization) ta'ee barattoota barnoota qo'annoo amantii, saayinsiiwwan hawaasaa ykn namoomaatiif kennama. Gosti

lammataa ammoo, innis saa’atii 30 kan ta’u, beekumsa waliigalaa wa’ee seenaa hawaasa Muslimaa, jireenya Nabiyyii, qarooma Islaamaafi saayinsiiwwan hawaasa Islaamaa kan durii irratti xiyyeeffata. [21]

Sirna barnootaa qo’annoowwan Islaamaa waliigalaa kanatti dabalata, barumsa gosa biroo lamatu jira; tokko saayinsiiwwan hawaasaafi namoomaa keessa yoo jiru, inni lammataa barumsa addaa saayinsiiwwan amantii keessa jiruudha. Barumsaaleen lammataa kunniin seera Islaamaafi beekumsa seeraa, seera hundeewwan amantiifi falaasama(ilm-usul al-din), saayinsii hadiisaafi Qur’aanaa(ilm-al-hadith wat-tafsir) fi seenaa jireenya Nabiyyii fa’a. Digriin barataa kamiiyyuu muummee lama qaba; inni duraa kan Sirna barnootaa qo’annoowwan Islaamaa(lafee dugdaa) ti. Sagantaanis akka armaan gadii ta’a:

- Qo’annoowwan Islaamaatiif saa’atii 30+barnoottan gurguddoof saa’atii 60+barnoota gargaaraaf saa’atii 30=sagantaa digrii saa’atii 120-130 muumee saayinsii hawaasaa, namoomaa ykn amantii tokkoo keessatti

- Qo’annoowwan Islaamaatiif saa’atii 60+barnoottan xixiqqoof saa’atii 30+barnoota gargaaraaf saa’atii 30=sagantaa digrii saa’atii 120 muummee saayinsii amantii tokko keessatti

- Qo’annoowwan Islaamaatiif saa’atii 60+ ispeeshaalistummaa barumsaatiin saa’atii 30+barnoota gargaaraaf saa’atii 30=sagantaa digrii saa’atii 120-130 sagantaa amantii

tokkoo keessatti yoo ta’u, kun barsiisaa tokko akka barnoota sadarkaa duraafi lammaffaa keessatti waa’ee bu’uura Islaamummaa barsiisu dandeessisa.

Barataan tokko yoo haala kanaan barnoota ispeeshaalistummaa xiqqaa(minor) isaa xumure, eebbifamaan, digrii duraa lama qabaata; tokko qo’annoo Islaamummaatiin, kaan immoo barnoota ispeeshaalistummaa birootiin.

Hojiin kaarikulamii kanaa kan xumurame bara barnootaa 2008-2009 yoo ta’u, addunyaa Islaamaa keessatti hundee faaydaa guddaa ta’a jedhamee abdii godhama. Sagantaan akkasii falaasama Islaamaa irratti barnoottan gara gaaraa of keessatti qabatuu feesisa; waan saayinsiiwwan kunniin (amantii) kaayoo jireenyaa dhugaafi qabatamaatti qajeelchaniif jecha. Karoorichi fooyya’uu kan danda’u yoo ta’u, akka barbaachisummaa ispeeshaalistummaa adda addattii yuuniversiitiilee keessattis fooyya’uu danda’a.

Abdiin jiru yaaliiwwan xiinxaltoota, haaromsitoota, barsiiftotaafi ispeeshaalistoota dhimmi ilaaluu kallatii hawaasicha Muslimaatiif mul’ata ifa ta’eefii qajeelfama dalagaa akeekuun qixa sirriin yaaduu, dhaabbilee deebisanii guddisuun, dandeettii jiru sirnaan itti fayyadamuufi humna waa uumuutiif kara banuu fa’aaf kan tajaajilu ta’uu isaati.

**Barreessaa**:

ABDULHAMIID ABUU SULEEYMAAN Ameerikatti, pirezidaantii Dhaabbatni Yaad-Rimee (Xiinxala) Islaamaa Idil-Addunyaa fi Pirezidaantii Faawundeeshiinii Gargaarsa Daa'imaati; Yuuniversiitii Idil-Addunyaa Maaleeziyatti nama gara amantii nama waamu beekamaadha. Inni ammas barreessaa kitaabota hedduu yoo ta'u: *Toyoorii Islaamaa Kan Hariiroo Addunyaa: Kallatiiwwan Haaraa Tooftaafi Yaad-Rimee Islaamaa(1987), Gaaga'ama Qor*-*Qalbii Muslimaa(1987), Waldhabdee Dhalootaa:Kabaja Namoomaa Kan Lubbuu Ykn Hafuura Islaamaa Guutuu Deebisanii Gonfachuu(2003), Manneen Barnoota Ol-Aanoo Addunyaa Muslimaa Deebisanii Guddisuu(2007),* akkasumas kitaabotaafi hojiiwwan qo'annoo biroo afaanota arabaatiin hedduu qopheesseera. Abuu Suleeymaan waraqaalee qo'annoofi barumsa gosa hedduu irratti walgahii, siimpooziyeemii(marii), koonfaransiifi seminaarota irratti qopheessaa ture.

**Kitaabonni IXIIA(Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa) Walitti Fufiinsaan fi Gabaabinaan Dhihaatan** kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtuu ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muummee irraa hubannaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoon maxxanfamanirraa of eeggannoon kan gulaalamaniifi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu.

Qajeelfamni giddu gala hojii kanaa, kan sababa dadhabaa dhufuu addunyaa Muslimaa, osoo amala, tokkichummaafi kaayyoo-qabeessummaa ilaalcha qixa sirrii addunyaa hin hordofin, ilaalchi Qur'aanaa addunyaawaan, haqummaafi deebi'anii bayyanachuun gonkumaa hin danda'amu.

Wanti daran barbaachisu qaroomuma Islaamaa 'warqii' san dinqisiifachuu osoo hin taane, dandeettii isaa riphee jiru abuuruu dha; hojiin kun isa kana addeessuu yaala. Iimaanni keenya kan dhugoomu yoo jaalala dhugaa Rabbii fi Ergamaa Isaa Nabiyyiiif (SAAS),qabaannee dha; sunis kan mirkanaa'u addunyaa tana irratti gaarii jaalachuufi dhugaaf jiraachuuni.

Kallattii ilaalchaa kana addunyoomsuuniifi qajeelfama Qur'aanaafi Sunnaa (karaa ergamaa Rabbii) jala masakamuun hordoftoota Islaamaa jabana duraanii fakkaachuudha; akka Abuu Suleeymaan jedhuttis. Ammas amala gaariifi jaalala Muslima addunyaa horachuun mul'ata irraanfatame kan

Muslimni sababa isaatiif uumame san deeffachuun barbaacisaadha. Deebi’ee dhalachuun eenyummaa Islaamaa kallattii ilaalcha Qur’aanaa addunyaawaa kanaan yeroo ammaa furtuu daran barbaachisaa haalotaafi dhimmoota dhibaman kanaaf xumura itti kennuudha.

# Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaaIIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dub-bistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qa-baataniif barreeffameedha.

Giddu galli amantii (Aqiidaa) hojii kanaa, sababbii kufaatii hamaa addunyaa musliimaa duuba maaltu akka jiru adda baafachuudha. Akka ilaalcha qur'aanaatti addunyaan haqaaf qabatama qabdu osoo safuun,tokkichummaa rabbii fi sababni addunyaa lafarra jiraata-muuf bakkatti hin deebi'in hin yaadamu.

Dinqisiifannaa sadarkaa islaamummaa "warqii' tahe qofa osoo hin taane inni baay'ee barbaachisaa tahe humna dhokataa guddaa inni qabu sakatta'uun kaayyoo barruu kanaati. Iimaanni keenya kan guutamu yoo addunyaa tana keessa dhugaafi gaarummaan dhugaan jaalalti qulqulluunii fi dhugaa taate rabbi fi rasuula isaa (SAW) onnee keenya keessa jiraattee qofa. Abbaan Suleyman hordoftooni muslimtoonni durii hubannoo cimaan rabbii isaanii akka gabbara-niif Nama gahee ol'aanaa taphate keessaahi.Isaan sun jaalalaa fi cichummaan safuu waaqaa'moral code' n taliigani.Kunis isa ad-dunyaan musliimaa hardhaa dhabdee dha.

Ilaalcha qur'aanaa isa addunyaa ittiin ilaalu kanaan Eenyummaan islaamummaa kun lammata dhalachuun wanta yeroo ammaa akkaan barbaadamu fi balaa hammaataa keessatti dhoobamne kana dhumar-ratti kan xumura itti godhuudha.